

SHEEK BAKRII SAPHALOO EENYU? SABA ISAATIIF MAAL GUMAACHE LAATA?

KUTAA 1ffaa.

Barreessaan:- Saphaloo Kadiir.

Maqaa maatiin isaa baasaniif Abuubakar Usmaan odaati, maqaan ittiin beekkamu sheek bakrii saphalooti.

Maatii isaa irraa bara 1895 ti, oromiyaa, kutaa harargee, aanaa gooroo guutuu, ganda saphaloo ja'amu keessatti

haadha isaati fi abbaa isaa garaad usmaan odaa irraa dhalaatee, Maqaan isaa Saphaloo ja'u kuniis maqaa iddo dhaloota isaarraa kan itti moggaafame tahuu isaati.

Dhalatee akkuma umriin barnootaaf gaheen barnoota amaantii ganduma itti dhalatetti jalqabe. San booda wagga muraasaaf Arsii, iddo waaybar ja'amu keessatti sheeka baalee beekkama sheek Abdallaa irratti barachaa turee, bara 1909 sheek abdallaa irratti kitaaba eega buusee gara chaffee gurraattii qaceele, caffee gurraattittiis sheek abdallaa waleensuu irratti baratee, bara 1915 gara yakkaa deeme sheek yusuf adaam irratti barate.

Boodarra barnoota isaa bara 1922 ti carcar, sheek umar balballeettii irratti xumure. Bara 1927 ti gara iddo dhaloota isaa 'saphalootti' deebi'e. akkuma ganda isaatti galeen wiirtuu barnoota isaa tan jalqabaa banee, barsiisaa amaantii tahee joollee biyyaa fi dargaggoo hedduu barsiisuu jalqabe.

Gaafa jalqaba wiirtuu barnoota isaa iddo dhaloota isaatti jalqabu, sheek bakrii saphaloo, yaadaa fi karoорri isaa, hawwii fi xiyyeffannaan isaa marti barnoota islaamaa qofa ture. Adeemsa keessa dhimmi seenaa oromoo kan abbaa isaa dhagahaa turee keessatti gad dhimmisu jalqabe. Eega sagaantaa barnoota fagoo, universitii alhazaar, tan biyya misraatti jalqabee booda daranuu beekumsa warraaqsa siyaasaa afrikaa, awrooppaa fi eshiyaa waliin daran wal barachuun, hawwii fi yaadni isaa bal'achaa, kayyoo fi karoорri isaatiis dagaagaa deeme.

Sheek bakrii, beekumsa barnoota islaamaa, kan qur'aanaa qofa osoon tahiin, saayinsii, herreegaa fi falaasamaa/filoosoofiin/ sadaarkaa ol aanaa nama gahee fi Dandeettii afaan hedduuttiis kan qabuu dha. Afaan oromoo, arabii, soomaalee, amaariffaa, adariffaa fi afaan xaaliyaanii akkasumaas afaan inglizii barreessuu fi dubbisuu sirritti kan dandahu tahuu isaa ragaaleen qorannoo isaarratti godhame ni mul'isa.

Osuma ganda itti dhalatettii barsiisaa jiruu bara 1928, umrii isaa waggaa 33 ti haadha mana isaa tan jalqabaa, kadijaa ahmed fuudhee bultii jaare. Isaa fuudhee waggaa lama,jachuunis bara 1930ti, Abbaan isaanii,garaad usmaan eega du'an booda sheek bakriin mataa maatii tahee, taligaa fi dirqaamni maatii gateetii isaa irra tahee, itti gaafatamummaa maatiitiis bahuu jalqabe.

Barnoota islaamaa osuma barsiisaa jiruu sammuu isaa keessatti yaadni tokko tokko uumamuu jalqabe. Dhimmi siyaasaa, aadaa fi hundaa ol dhimmi guddina afaan oromoo qalbiisaa keessatti habaqaalamee, sammuu isaa keessatti xiyyeffanna argachaa dhufuu jalqaban. Inniis kana hubachuun keessaattu afaan oromoo afaan saba bal'aa kun guddina dhabee qancaruun waan isa yaaddeesseeif sochii isatiif, tarkaanfii jalqabaa eegale. Karoora isaa xumuratee amna isaa yoo eegaluu, Tooftaan inni dura itti fayyadame, sirna baruufi barsiisuu isaa ammayeessuu fi idileessuu ture. Kanaaf barnoota amaantii madditti barnoota falaasamaa, gi'oograafii/saayiinsii haala teessumaa lafaa/ , seenaa fi herreega dabalatee afaan oromoo fi arabiffaa barsiisuu jalqaban. Tooftaan baruu fi barsiisuu sirna kenniinsa barnoota isaa ammayummaan kan deeggarama waan taheef, barattootni isaanii qomatti akka hafazan/qabatan qofaa osoo hin taane, afaan oromooti fi arabiffaa barreessuu, dubbisu fi dubbachuu ulaagaa guddaa ture. Tooftaa kanaan sheekkooti cimtuu fi beekkamoo baayyee horatan keessaa akka fakkeenyatti aalima fi hayyuu beekkamaa sheek mohammad rashaad kabiir abdullee, fi itti gaafatamaa dhimma islaama itoophiyaa kan ture sheek abdurahmaan muuda tuquun ni dandahama.

Osuma darasoota isaanii barsiisaa jiranii sheek bakrii saphaloo gama tokkoon yaadni walaloo barreessu sammuu keessa deddeebi'u jalqabe, yeroo kana maagata yaadaa gara walaloo barreessuuttiis meeyanii, walaloo mi'ooytuu fi dhama qabeessa afaan oromootiin barreessuu jalqaban. Qabiyyeen walaloo isatiis zikrii/walaloo amaantii/, walaloo siyaasaa/warraaqsa/, walaloo aadaa kan akka darashii, shoobdoo fi k.k.f barreessuu eegalan.

Gama biraatiin, tooftaa kenniinsaa barnoota isatiif fi dandeetti cimina isaa irraa dhaabbachuu baayyinni darasoota isaa gamaa gamanaa itti xinniqu baayyachuun wal qabatee, hawwiin wiirtuu barnoota isaa babal'isuu keessa isattii gabbacha dhufe. Bara 1940 ti wiirtuu barnoota isaa 2ffaa addeellee ti bane. Warri adeeltees aalimni, hayyuun kun ilmaan isaanii barsiisuu gara isaanii dhufutti gammadanii, intalaas kennaniifii qubsiisan. Wiirtuu barnoota isaa 2ffaa bane, bultii isaa 2ffaas jaarattee ilmaan biyyaa toftaa barnoota isaa ammayaaawaa san habbuqqachiisa dhabsuu baasuu jalqabe.

Waggaa 8 booda, jachuunis bara 1948 ti wiirtuu barnootaa isaa 3ffaa Ligibotti bane. yeroo kana ture dhimmi afaan oromoo keessa isaa quqquuquu jalqabe. Afaan saba bal'aa qabee ittiin barreeffamu dhabuu isatti gaddi itti dhagahamee qabee afaan oromootiin wal simu uumuuf qorannoo isaa jalqabe.

Wiirtuu barnoota isaa 4 koortutti bara 1953 banee barsiisuu itti fufe sheek bakriin. Wiirtuu banoota isaa kana qofatti hin daangessine. Magaalaa dirree dhawaa, qabbanaawaa fi bobbaasattiis babal'isee hojii barnoota isaa cimsee itti fufe.

Sheek Bakrii Saphaloo hojii sabaaf faaydaa qabuu kan hojjate keessaa, qabee afaan oromootiif mijiaahuu fi hanqina gama qubeetiin afaan oromoo hundee irraa furuu dandahuu kalaquun barattoota isaa ittiin barsiisaa turuun, hangafummaan haa kaayamuu malee hojii baayyee hojjatanii jiran.

- Kitaaboota hedduu afaan arabaa irraa gara afaan oromootti hiikun sabni isaa akka dubbisu taasisee jira.
- Herreega aljebraa fi ge'oomeetirii jadhamu afaan oromotti jijiiruun barattoota isaa ittiin barsiisaa ture.
- Walaloo baayyee afaan oromoon barreessuu fi kitaaboota seenaa oromoo baayyee barreessani jiran.
- Barsiisaa barnoota ammayyaa tahee hayyoota baayyee horachuun gumaacha sabumaa bahaan nama turee dha.

Wanni nama gaddiisiisuu garuu Hojiileen sheek bakrii saphaloo kun hundii bara 1978 waraana mootummaa dargiitiin koortutti jalaa gubameef ragaan isaa baayyeen daara tahe hafe.

Sheek Bakriin nama hayyuu siyaasaa fi tokkummaa oromoo irraattiis hojii baayyee hojjatanii dha. Haala sochii siyaasaa yeroo duraa caalaa finiinsuu kan jalqabee bara 1934 keessa, sababniis weerara xaaliyaan waahelfachuun dhimmoota oromummaa mul'isuufi. Bara kana keessa afaan oromoo xaaliyaaniin tamsaasa raadiyoo keessatti dabalamuu fi mana barnootaa keessattiis akka baratamu taasisuun baayyee isa gammachiisulle, mootummaa biriitishiin haylesillaaseen yoo sokkaa galfamu baayyee kan aare ture. Ossoo kanaatti dhimma bahuuf warraqsa isaa finiinsaa jiruu hidhamee obboleessi isaa aadam usmaan beeyladaa warra nafxanyootaaf kennanii hidhaa baase. Harargee qofa ossoo hin taane guutuu oromiyaatti sochiin taasisan raga guddaa dha. Kaan keessa hundeffama waldaa maccaa fi tuulamaatiif sochiin isaan godhan fakkeenyaa guddaa dha. Bara 1960'mo keessa yeroo general taddessa birruu sababa walda maccaa fi tuulamaatiif jacha galamsotti hidhamee turetti yeroo lama irraa mana hidhaatti dhaqee akka laale ragaaleen seena ni mul'isa.

**WALALOO SHEEK BAKRII SAPHALOO YEROO GARA GARAA BARREESSAN KEESSAA:-**

Sheek bakrii saphaloo nama kennaan fi dandeettii walaloo baayyee qabuu dha. Walaloo isaa keessatti qabiyyeewan dhimma afaanii, siyaasaa, aadaa, barnoota, sirna gadaa, hawaasummaa fi kanneen biraatiis ittiin calaqisiifacha, Barattoota isaaniitiis ittiin qaraa, Kana malees yeroo wadaajaa adda addaa irratti dubbifamaa, yeroo guuzaa irratti darashamuuni fi haala garagaraan ummata bira gahaa akka turte ragaan seenaa ni mul'isa.

Walalooleen isaanii gaggabaabduu fi laftumatti sammatti namaa qabamuu dandessuu tahuu daran jechootaa mimmi'aawoo fi dhama qabeessaan waan barreessuuf jaalatamummaa fi fudhatama guddaa hawaasa biratti qabachuu ragaan seenaa ni mul'isa.

Gaafa xaaliyan biyya itoophiyaa weeraree ture bara 1935 walaloo armaan gadii barreessee jira.

"Amaaraa nurraa fuudhee raada burree ayyaanii,

Dhidhimee gaara seene dheefa gurbee xaaliyanii."

Weeraruma xaaliyaani kanaan wal qabatee bara 1936 keessa gaafa mootiin haylasillaasee dheefa xaaliyaanii biyyarraa baqatee sheek bakriin walalooakkana jattu barreessee ture.

"Xaaliyaan taankii gangalchee gama ceekaa daraaraa,

Amaara qalee fixee akka hoolaa baraaraa,

Mosolooniin caccabsee miila sree amaaraa,

Mootichi dheefa deemee goggogaan fuula aaraa,

Mootiin hiyyeessa miidhe abaduu numa qaaraa." Jachuudhaan barreesse.

Waa'ee seenaa irrattiis:-

"Odoo ormi beekee oduu nu duraa,

Hulaan itti cufadhaa maraa banamaa,

Oduu dur dhageenyaan kale bilisaa,

Sa maa gabra taata soda ilma namaa,

Abbootuma keetuu kale nagasee

Taraan isin geenyaan kunoo a'amaa."

Dargaggeessii baratee biyya isaa fi saba isaa fayyaaduu akka dandahuu walaloo isaa keessatti haala kanaan ibse:-

“Odoo qara’ee, baratee, dalagee,  
Biyaa ol tahee adawwii buqisaa,  
Inni kuun osoo biyyasaaf qara’uu,  
Oduu nadhoo balisee saffisaa,  
Dubbii hayaa barachuu hin hamiluu,  
Achii kijibaan dubartii bakkisaa.”

Gaafa afaan oromoo tamsaasa raadiyootti dhoorkamu sheek bakriin akkanatti barreessee ummatni akka falmachuu qabuu walalon yoo ibsu:-

“Afaan ormaa kaanii tolchee kabajaa,  
Kan isaatii waliin wajjii raadiyoo naqamaa,  
Odoo ka’anii toolchanii, lolaanii,  
Xalaatni caphee, batatee dhabamaa,  
Hulaan cuccuufaa martinuu banamaa.”

Waa’ee roorroo nafxanyoota irratti sabni oromoo finciliu akka qabuus yoo walaloon barreessuu:-

“Cunqursaa amaaraan dassitaa ja’anii,  
Ammoo kaaniin boruu barmaamii ja’anii,  
Dassitaan qabee fe’ata boruu barmaamii,  
Mala saa karaa yoo beeyste si tilmaamii,  
Fe’amuu didi haadallee taanan cirri yaa boruu,  
Dassitaa badaa xalaata diin islaamii,  
Jahatan malee fe’amuu jalaan bahaan eeginii,

Akka jaza'irii adanii cinqii fitinaamii,  
Du'an oolanii, du'a faa soda matumaa gatii,  
Inumaa dafee fedhu haa dhufuu as yaamii,  
Si namuu ka'ee, kanummaan boruu tahe maa rafaa,  
Asaboot korii yoo akhii owwaatan yaamii."  
Boruun fi'amee ni gaangee moo si gaala?  
Ifii malatee maa dasitaa sigaalaa  
Boruu ka'i waa sadi dhabuun si gessee,  
Isii a'amuun yoo namaatii gubaalaa,  
Afaan oromoo, dachii kan sadeessaa diinii,  
Azaaba kamii balaa sitti buute caalaa?"

Sheek bakriin gaafa qubee isaa kan uume saniin barreessuu dhoorkame ligiboo (wiirtuu 3ffa) irraa gara koortuu baqate walaloo:-

"Nu godaana irraa kaanee nafxanyaa ligiboo dha,  
Gariin guddaan isaanii hattuu dha, kijiboo dha,  
Takkaa hin agarre hin dhageenye  
Kan akka saanii dhiboo dha,  
Biyya diiniin xalaataa dinne torba heboodha."

Waa'ee sirna gadaa ilaachisee akkanatti barreessee sheek bakriin:-

"Arra bahanii luuba foon hiranii,  
Yoggaa san gaggaarii nama filatamaa,  
Baheessuma namuu laalee filataa,  
Isaan santu raabaa doorii ja'amaa,

Abbaan gadaa kan urjii bakkuu,

Akeekadhu yaa boo falaan si namaa,

Bokkuu asxaa beekaa gooftaa fugugii,

Sibillii hin tahuu mukurraa qoramarraa,

Arraa dhabnii taanan mara dhabamee,

Tanaaf arra taane gabroota namarraa,

Bareentumti gootaa san eentu didaa,

Aduun ifaa eentu didee mormaa?

Ammo arra bokkuu jiran ja'anii,

Garii adaree dha dhagee marama,

Bareentuma gaafas kan miidhen bahuu,

Kunooti arra ammo oggolee fe'amaa,

Bada antaree daya'ee san fidee,

Dhaweeetuma gooytaan facaase cumaa,

Lafee duute dhaaduu gatii irra tarii,

Abuun gamnaan gootu gowwaa cufamaa,

Abbee deeyma nyaatee nadhii dhudha'uun,

Afaan sin mi'eessitu yaa ilma namarraa,

Yoo waa tarte mee siin hubadha,

Aduu biliqji dardara ganamarraa." kan ja'uu fi kanneen biroollee baayyee barreessuun hogbarruu afaan oromootiif gummaacha isaa laachuu caalaa hawaasaa isaa warraaqsaaf ittiin dammeeyasaas ture sheek bakrii saphaloo.

Walaloo sheek Bakrii saphaloo baayyee keessaa hangi tokko bara 1996 keessaa gaazexaa bariisaa keessatti maxxanfamee ummata oromoo mara bira gahaa akka ture seenaan ni mul'isa.

SEENAA SHEEK BAKRII SAPHALOO KUTAA -2ffaa

Posted on August 22, 2014 by Saphaloo Kadiir

SEENAA FI HOJII SHEEK BAKRII SAPHALOO(ABUUBAKAR USMAAN ODAA)<br />

KUTAA 2ffaa:

SOCHII SHEEK BAKRII HAALA SIYAASAA FI HAWAASUMMAA OROMOO KEESSATTI QABAACHAA TURE.

Sheek bakrii saphaloo warraaqsi sochii siyaasaa fi hawaasummaa oromoo keessatti qabaachaa ture baayyee cimaa fi kan seenaa isaa boonsuu dha. Kana keessaa akka fakkeenyaatti kan ibsaman:

Bara 1960 keessaa waldaa afran qalloo magaalaa dirree dhawaa keessatti hundeffameef deeggaarsaa maallaqaa sassaabuu, hawaasa kakaasuu fi walaloo wellistootaaf kennuun hirmaacha turuu isaa hayyooni seenaa ni dubbatan.

Walaloo isaa humnaa qabeessaa, bareedina fi badhaadhina afaan oromoo ibsitu saniin hayyota, walaleessitootaa fi wellistoota akka abubakar mussa, ayub abuubakar fi shantam shubbisaa faa akka horatamaan taasiseeti jira.

Bara 1960'ma keessaa kallattiin hawwisoo aadaa lama/biiftuu ganamaa fi urjii bakkalcha/ akka hundeffaman hirmaanna taasisee, miseensaas akka ture ragaan ni mul'isa.

Hundeffama waldaa maccaa tuulamaa bara 1963-1967 finfinneetti yoo bu'uureeffamu deeggarsa yaadaa fi hirmaanna gara garaatin maddii dhaabbachaa akka ture himama. Yeruma kana osoo mootummaan uggura hidha magaalaa dirree dhawaa keessaa akka hin baane irra kaayee jirutti general taddasaa birruu kan sababa waldaa macca fi tuulamaatiin galamsotti hidhame yeroo lama dhoysan deeme laalee, yaadas wal dabaarfateeti jira.

Bara 1963 keessa sagantaan tamsaasaa raadiyoo magdashoo irraa afaan oromootiin dabaarsaa tureef dhooyatti walaloo fi gorsaan jajjabeessaa tureeti jira.

Sheek bakriin mana kitaabaa ammayyaawaa(modern library) iddo iddutti gaalaa fi harreen sossoohuu akkaataa mala tooftaa baruu barsiisuu ammaayyaatiif mijahuuutti iddo deemu maratti if jalaan deemaa ture. Kuniis ragaalee isaa bakka deemu hundatti akka if biraan hin dhabneef isaan gargaara ture.

Sheek Bakriin nama yeroo jalqaabaatif afaan oromoo barruun akka dhihaatuuf qabee afaan oromootiif mijahuu uumee dha. Qabee kanaas yoo kalaquu yeroo dheeraa irraatti fixee , guyya guyyaa barattoota isaa barsiisaa, halkan halkan ammo qabee kana bocaa bulu ture. Qabee kana waggaa hedduu booda kalaqee eega xumuree barattoota isaa ittiin barsiisaa, walaloo isaatiis ittiin barreessaa kan ture tahuu ragaaleen qorannoo seena ni mul'isa. Gama biraatiin qubeen sheek bakriin afaan oromootiif uumee kun akkuma afrikaattuu isa jalqabaa akka tahe shakkama. Maaliif jennaan qubeeleen afaanoota afrikaa marti kan biyyoota adda addaa irraa ergifame tahuu seenaatu mul'isa. Qabee sheek bakrii ammo qubeelee kanneen hundaa adda tahuu isaa ragaan ni mul'isa.

Qubeen sheek Bakrii kuniis naannoo harargee, arsii fi baaleetti tamsaa'uun ummata oromoo bira gahuu yeroo jalqabu mootummaan haylasilaassee irratti dhaqqabee sheek bakriin magaalaa dirree dhawaa keessaa bahee karaa biraan deemuu akka hin dandeenyeef ugurri hidhaa irra kaayamee ture, bara 1965-68 hidhaa kanaan eega turee booda bara 1968 ti wiirtuu barnoota koortuu torbaanitti yeroo 2 ykn 3 akka dhaqu hayyamameef. Waggaan kudhan haaluma kanaan dirree dhawaa fi koortuu jidduu qofa deddeebi'aa ture.

Sheek Bakriin yeroo ugurri hidhaa irra kaayame kanaas hojji saba isaatiif hojjachaa ture addaan muruu hin dandeenye. Yeroo sanitti hojiin inni hojjate keessaa walaloo isaa dabalatee kitaaba maqaan isaa 'Shaaldaa' ja'amuu qabee isaatiin barreessee ummata oromoof dhiheesee ture, shaaldaa jachuun hiikni isaa 'ablee qaraa' akka jachuu yoo tahu odeeefanno siyaasaatiin ummata oromoo qaruuf kan qophaawe akka tahe seenaan ni hima.

Bara 1974 gaafa mootummaan haylasilaassee humna waraana dargitiin angoo irraa fonqolu sheek Bakriin jaarsa waggaan 79 ture. Yeroo kana carraa hidhaa ugurraa jalaa bahuu argate. Haala mijjaawaa arkate kanatti fayyadamuun hojji dadammaqiinsaa fi warraaqsa qabsoo itti fufe. Ji'oota muraasaaf haalli mijjaawan uumameefi qaawni xiqqa banamnaan sheek bakriin carraan ummaata isaatiin wal arkuu

siritti mijjaaweef. Yeroo kana sheek bakriin qaawa kanatti fayyadamee xalayaa fuula 21 dargii dhaaf barreessee. Qabiyyeen xalayichaas mirga wal qixxummaa akkasumaas aadaa, afaanii fi amantaa isaanii sabaa oromoos dangaa malee akka fayyadamuu fi guddifachuuus dandahan kan ibsuu fi gaafatu ture. Kanarraa ka'uun mirgi maxxansaa saba oromootiif laatamee bara 1975 gaazexaan bariisaa akka maxxaanfamuu hayyamamee, ummaataaf dhihaachuu jalqabe. Walaloon sheek bakriitiis, qabiyyee gaazexaa kanaarratti barreffamaa waan turteef sagaleen sheek bakrii ijaa fi gurra oromoota hunda bira siritti gahuu jalqabde.

Kanumaan osoo jiranii bara 1977-78 lolli ogaaden yoo ka'u namoonni dhageettii fi fudhatama hawaasa biratti qaban mootummaa itoophiyaan shakkamuu jalqaban. Sheek bakrii saphalootiis namoota kana keessaa isaan tokko fi hangafa waan turaniif umrii jaarsummaatiin biyyaa isaaniirra bafamanii soomaliyaati baqatan. Moora baqattoota hiran, tan biyya soomaaliyaa keessatti argamtutti haadha mana isaa waliin gale. Mooran baqataa jirenya isaatiif hin mijjooyne ture. Dhiveen, ergaramaa fi dullumiis jaarsarratti wal gahanii miila itti fuudhan. Jabo eega daadarkeessa turan booda ebla 5, bara 1980'ti umrii isaanii wagga 85 ti du'aan addunyaa kanarraa galan. Hayyuun aalimni, beekaan keenyaas biyyee biyya isaa tan bilisummaa hawwaafi ture dhabee, biyye biyya ambaa irratti saniifuu mora baqattootaa keessatti awwaalame.

Haa tahuu garuu sheek Bakriin biyya ambaa keessatti reefki isaa haa awwaalamuu malee awwaalchi isaa guddaan onnee oromoota hunda keessatti kan argamu akka tahe wal naman gaafachiisu.

Du'aa Sheekaa guddaa,aalima fi hayyuu oromoo kana ilaachisee barataa isaa kan ture sheek mohammed rashaad abdullee gadda itti dhagahamee irra dhaabbatee, walaloo garaa nama nyaattu, tan ergaa guddaa qabdu fi namni marti waan gaarii sabaa fi mataa isaatiifis hojjachuu akka qabu gorsitu akkasumaas seenaa fi maqaan sheek bakrii yeroo hunda akka hin irraanfatamne ibsitu, akka asitti aanu kanatti barreessanii turan.

"Addunyaan hamtuudhaa hamtuudhaa ba`attii

Hamtuu ifii deemtu si bira qubattii,

Laalaa addunya`aa kan agarin jiruu

Namuu ni eeggataa waan waaqni saa hiruu

Quufaa fii beeltiniis haala addunya`aatii

Du`aa fii jirulleen beeki akkasiitii

Mi`aan addunyaadhaa hadhaadha ba`atti

Abbaadha fii ilmaan adda adda baaftii

Kan gaarii dalaguu hamtuu dura dhaabdii

Nama ol hiixatuu gadiin gara galtii.

Gammachuu jiruudhaa naasu`uu keessa jiraa

Jiruu addunyaadhaa du`aa waliin jiraa

Addunyaan tun baraa mana kheenyaa mitii

Baraa manni dhuga`aa kan du`a boodatii

Mee warra dur dabree qalbii godhii laalii

Kan nurra jaboodhaa gad kutan mee olii

Hundi du`aan dabree gara aakhira`aatii

Lubbuun rabiin uumee fedhii saatin baatii

Irra guddaan saanii rasuula rabiitii

Isaanuu dabranii gara rabbii fiitii,

Xiqqaafii guddaanis khara kana yaa`aa

Namuu du`a baataa waan dadhabu ba`aa

Namni gaarin du`u hundaatu rifataa  
Ammoo badaan du`uu eenyumtu mil`ataa.

Duuti haadhaa-abba`aa ilmoo rifachiiftii  
Duuti beekaa biyyaa ummata naasiftii

Naasuu guddoo guddo`oo mata`aa nu gad bu`ee  
Sheekh Bakriin Saphaloo beekan biyyaa du`ee

Ummata boochiftee duuti isaaniitii  
Akkamiin hin boonyee utubaa saanitii,

Utubaadha jigeet ummata keenyarraa  
Baraa ifa`aa dhaamee diinaa islaamarraa,

Duutii saanii baraa du`a taanin addaa  
Eeyyee duuti saanii du`a biyyaa hundaa

Namni ka isaanii kan namuu jaalatuu  
Kan xiqqaafii guddaan karaa saa abdatuu

Waan ergamuun sayuu biyya teenyarrattii  
Zalaalamiin obbaatuu laalan du`a saatii

Sheekh Bakriin Saphaloo abbaa ummataatii

Kan isaan qaceelchuu karaa guddinaatii

Kan isaa barsiisuu karaa warraaqatii

Dirqidhan argatu`uuf haqa isaanitii

Qabsoo jabeessanii diddaa xilaatati

Dhiigan magarsanii qabsoo taariikhatii

Taariikha ummataa isaanumaa jaaree

Odoo isaan dhabnee yoom ifumaa barree

Kitaabban isaanii mee dubbisii laalii

Ajaa`iba gartaa kan sii himee olii

( Irsaalu sawaariikh ) kitaaba saanitii

Kan gad qabee himuu seenaa ummataatii,

Walaloon ( shaalda`aa ) tan isaan tolchani

Tan isiidhan namuu qabso`otti kaasanii,

Waan ajaa`ibaatii mee dubbisii bari

Hoggaa san agartaa qabsoo abii bakrii,

Bara kudha torbaan durattii tolchanii

Kan achirraa qabsoo ittuma fufanii

Walaloo shalda`aa xiqqa`orraa dhagayaa

Waan isaan tolchanii isi`iin nadha bayaa:-

“Cunqursaa amaaran ( dassitaa ) je`anii

Ammoo kaanin boruu barmaami je`anii

Dassitaan qabeeffe`ataa boruu barmaamii

Mala saa karaa yoo beyte sii tilmaamii

Fi`amuu didii haadallee tanaan ciri yaa baruu

Dassitaa badaa xilaataa diin islaamii

Jahataan malii fe`amuu jalaa bahan eeginii

Akka jazaa`irii adanii cinqii feetanaamii

Du`an oolanii du`a faa sodaa matumaa gatii

Inumaa dafee fedhuu haa dhufuu as yaamii

Si namuu kha`ee khanumaan boruu taye maa rafaa

Asaboot korii yoo khee owwaatan yaami”

Kan dhageessaan kunii dubbii sheekh bakriitii

Irraa beekhaa qabsoo isaanitii

Bara khudha shaniin duratti je`anii

Diddaa amaaratiif dhiira dammaysanii

Harfin afaan kheenyaa tun isaan khaayanii

Waan ummata fiitin guddisuu yaadanii

Namuu yaada khanaa isaan duran yaannee

Isaanumaan baraa mataa ol qabannee

Isaa karaa banee dhiira dalayduufii

Isaa toltuu fidee biyya isaatifii

Tokkumaan ummataa isaanin magartee

Dubbiin walii galu`uu isaan jalqabamtee

Sheekh kheenya guddaa dalagaa isaanii

Waan himneen dandeenyee baraa lakkosanii

Kan je`uu dandeenyuu dirree babaafnetii

Isaanumaa cabsii yaada amaratii

Dhiira ammaan tanaa isaani gudisee

Isaanumaa kharaa jiruudhaa beysisee

Kan qaceelchanirraa bar tokko anumaa

Kan lafaa na kaasee baraa isaanumaa

Jennummaan sheekh Bakrii kan fakkaataan qabnee

Ummataaf yaddawuun waan wasanan qabnee

Cunqursa`aan mokkoruu itti jabeessanii

Argadhaa dhageyti`iin isumaa jibbanii

Meeqaatam marfamoo dirree dhawaadhattii

Akka irraan baanef gara biraatittii

Haatayuu dirmachuun rabbi bira a dhuftee

Cunqursaa ummata harkaa futtaa fatee

Ajjeechaa amaaraa jalaa ni bayanii

Hararii kha`aniiti hargeeysa dhufanii

Hargeessarraa biyya hireen geeffamanii

Bakka san qubatee ummataan wajjinii

Ummata isaanii kan biyyaa baafamee

Kan manaafii horiin isaa zarrafamee

Achi-wal gayanii biyya hireenitti

Sheekh Bakriin Saphaloo ifaa isaanitii

Kan isaan ammatuu kan namuu abdatuu

Kan halkanii guyyaa isaan tattooyatuu

Odoo rakkoon jabddun isaanitti jirtuu

Ummataaf yaaddawaa tan ifiin yaadatuu

Qilleensatu tuqee miila isaanii

Sanumaan du`anii guddinaan wajjinii

Gaafni isan du`an kumaaf dhib sagalii

Bara saddeettammaniis ittuma dabalii

Guyaan aakhiraman guyyaa arba`aatii

Baatii ibriili keessaa sayleessaa isiitii

Dhalooniisaanii kumaaf dhib saddeetii

Saddeettamii tokko itti iddatetii

Maqaamniisaanii biyuma hireenii

Kabajaa guddo`oon baraa qabbaramanii,

Ulamaan ummataa achi wal gayanii

Kakka sheekh Bilisa`aa kaka sheekh Usmaanii

Gaafa inni du`ee dachiin gara-galtee

Ummataisaanii itti dukkanoooytee

Ifaadhaatu dhaamee biyya hireenirraa

Lakkii ifaan dhaamun biyyuma hundarrraa

Baraa isaan du`un miidhaa addunya`aatii

Kan bakka saa bu`uu waan agartuu atii

Eenyumaatu sabraa sheekh Abuu bakrirraa

Ummata saa dhiisii orma addunya`arraa

sheekh Bakriin Saphaloo ifaa dukkanaatii

Kan nama qaceelchuu karaa guddinaatii

Qaamni saa godaanuu lubbuun saa ni jirtii

Tan ummata yaamtuu karaa jiruudhattii

Shi`ibii biyya teenya lubbuun saanii bakrii

Dalagaa isanii qalbi`iin laalii barii

Qabriin sheekh bakri`ii qalbii tee haataatuu

Akka zalaalamii si wajji jiraatuu

Diinaa keetif du`ee kan akkaan qabattuu

Biyya teetif du`ee odd-kkaan jaalatu

Namni biyyaaf du`ee inni baraan duunee

Qalbii saba saatii abaduu waan baanee

Yaa rabbi teessisi janata kee kheesssaa

Nuufis sabrii kennii waan nu qabanneessaa. X2

Sheek mohaammed rashaad haala kanaan walaloo gabaabduu kana keessatti seenaa fi hojii sheek bakrii ibsuun, dhaamsaas dhalootaaf dabarsee ture.

Akkuma sheek mohaammad rashaad ja'e yeroo ammaa onnee hawaasni oromoo hunda keessaa sheek bakriin akka jiru beekkamaadha.

Haala kanaan wal qabatee ummanni oromoo yeroo ammaa siidaa yaadannoo sheek bakrii saphaloo haraargee bahaa magaalaa kaarra millee keessatti ijaarameefi jira.

Eegaa nutiis sheek bakrii saphaloo fi barataa isaa kan ture sheek mohammad rashadiis fuulli rabbii itti haa tolu jachaa qophii keenya waa'ee seenaa sheek bakrii saphaloo irratti xiyyeefanee turre kanumaan goolabnaa qophii wal fakkaataan hanga walitti deebinuu nagayaan nuuf turaa isiniin jannaan.

Barreessaan #Saphaloo\_Kadiir

Yaadaa, sirreessaa ykn ceephoo yoo qabaattan, teessoo kanaa gadiitiin nu qunnamaa.

Email:- ak23873@gmail.com,

Skype:- firanboon

Facebook:- <http://www.facebook.com/saphaloo>

Bilbila:- +254707482480